

Mammaaksota Oromoo Qubee “G” n Jalqaban.

- 1 Gaafa maal nyaanna jedhan damma nyaatan
- 2 Gabaabbatu iyyuu abbuma warraatu diinqa taa’a.
- 3 Gaddeemtuun namaa harree ribbii hormaata fuuti.
- 4 Gadheen niitii, dhiirsa hamatti.
- 5 Gadheen qalbii hinqabdu kan darbe hinyaadatu.
- 6 Galaanni bakka bultii hin qabne, gudeelcha guuree deema.
- 7 Galgala maal nyaanne jennaan rafnee bulle jedhe jedhan.
- 8 Galle jette lafoon farda jala galtee.
- 9 gamnummaa maaltu jiraa.
- 10 Gara jabeessa heexoon hin albaasu
- 11 Garaa laafinatti, alaltuun bishaaniin nyaatamte.
- 12 Garaa murtii murate, bishaan raafuutu gabbisa
- 13 Garaa nagaa qabu sukkuumuun, dhukkuba itti fiduudha
- 14 Garaa ofiituu wollaalaaf heexoo itti dhugani
- 15 Garaacha dheedhii garaatti beeki.
- 16 Garaan badaan waan nyaatan nama himsiisa jedhe abbaan kiyya
- 17 Garaan murtii hin qabne, diina abbaati
- 18 Garbittii lubbuuf fiigdu ollaan qophee dha jedha.
- 19 Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksittii.
- 20 Godaa mannaa godoo wayya jette haftuun.
- 21 Gogaa naaf hafa jedhe waraabessi biyya isa hinbeekne dhaqee
- 22 Gonfoon calqaba baddeet dhoofnan kutaa hanqatte.

- 23 Goondaan wal qabatteet laga ceeti
- 24 Gorsa diddu du'a hin diddu.
- 25 Gowwaa al tokko arrabsi, innuu lammata of arrabsa.
- 26 Gowwaa sobii qaroo qeensaan qabi!
- 27 Gowwaan bakka rafe hunda mana se'a
- 28 Gowwaan isa darbe malee isa dhufu hin yaadu
- 29 Gubatee hin agarree, abiddatti gamti
- 30 Guddatee guddatus gurri mataa hin dabartu.
- 31 Guddateef dubbii harretti hin fe'an
- 32 Gurri dabarsaan ollaa walitti naqa.